# QAACCESSA MALLEEN DUBBII KITAABA WALALOO ‘QARQABA’

ADDISUU MULUU JAMAMAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII - AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

FULBAANA, 2014/2021

ADDIS ABABAA.

# QAACCESSA MALLEEN DUBBII KITAABA WALALOO 'QARQABA'

ADDISUU MULUU JAMAMAA

GORSITUUN: SINQINASH ALAMUU (MA)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII - AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

FULBAANA, 2014/2021

ADDIS ABABAA.

# Baafata

Qabiyyee
Fuula

Axereeraa ..... i
Galata ..... ii
BOQONNAA TOKKO:SEENSA ..... 1
1.1.Seenduubee Qorannichaa ..... 1
1.2.Ka'umsa Qorannichaa ..... 3
1.3.Kaayyoowwan Qorannichaa ..... 3
1.3.1. kaayyoo Waliigalaa ..... 3
1.3.2. Kaayyoowwan murtaa'oo ..... 4
1.4. Faayidaa Qorannichaa ..... 4
1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 4
1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 5
BOQONNAA LAMA: Sakatta'a Barruu ..... 6
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadirimee ..... 6
2.1.1. Maalummaa walaloo ..... 6
2.1.2. Gosoota walaloo ..... 6
2.1.2.1. Walaloo Seenessaa ..... 7
2.1.2.2. Walaloo Mirrisaa ..... 7
2.2. Caacculee Walaloo ..... 7
2.2.1. Filannoo Jechootaa ..... 7
2.2.2. Birsaga ..... 8
2.2.3. Bilbila Sagalee ..... 8
2.2.4. Yeedaloo ..... 8
2.2.5. Sarara ..... 8
2.3. Malleen Dubbii ..... 9
2.3.1. Faayidaa Malleen Dubbii ..... 9
2.4. Akaakuuwwan malleen dubbii ..... 10

2.4.1. Akkasaa ... 10
2.4.2. Nameessuu ... 11
2.4.3. Bakkasaa /Iddeessuu/ ... 11
2.4.4. Agiboo /Habalaka/ ... 12
2.4.5. Arbessuu /Gurguddeessuu/ ... 12
2.4.6. Sobdhugaa /Mitihee/ ... 12
2.4.7. Fakkoommii /Mallattoo/ ... 12
2.4.8. Tuqsee ... 13
2.4.9. Atee /Jedhiyaadi/ ... 13
2.5. Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii ... 13
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ... 15
3.1. Mala Qorannichaa ... 15
3.1.1. Saxaxa Qorannichaa ... 15
3.1.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ... 15
3.1.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee ... 15
3.1.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ... 16
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA ... 18
4.1. Seenaa Gabaabaa Kitaaba Walaloo Qarqabaa ... 18
4.2. Qaaccessa Malleen Dubbii ... 19
4.2.1. Nameessuu ... 19
4.2.2. Akkasaa ... 21
4.2.3. Bakkasaa (Iddeessuu) ... 23
4.2.4. Arbeessuu ... 28
4.2.5. Mitihee ... 32
4.2.6. Tuqsee ... 35
4.2.7. Atee ... 39
4.2.8. Mallatoo ... 41
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 45
5.1. Cuunfaa ... 45
5.2. Argannoo ... 47
5.3. Yaboo ... 48
Wabiilee ... 49

## Axereeraa

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa malleen dubbii kitaaba walaloo "QARQABA" keessatti argaman addaan baasuun qaaccessuudha. Milkaayina kaayyoo kanaafis kitaaba walaloo "QARQABA" jedhu bifa sakatta'a dookumeentiin sakatta'ameera.Qorannoon tokko mala ittiin adeemsifamu qaba.Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti malli qorannoo akkamtaa hojiirra ooleera. Akkasumas iddattoo akkayyootti tajaajilamuun qorannoon kun gaggeeffameera. Gosoonni malleen dubbii kitaaba walaloo kana keessatti argamaniis lakkoofsan saddet yoo ta'an, isaanis: nameessuu, akkasaa, arbeessuu, iddeessuu, mitihee, tuqsee, ateefi mallattoodha. Malli dubbii kitaaba walaloo kana keessatti hin argamne agiboo yoo ta'u, kun immoo akka argannoo hojii qorannoo kanaatti heeramee jira. Dabalataanis malli dubbii kitaaba walaloo kana keessatti akka haala salphaa ta'eeniifi wanta jedhamuuf yaadameen alatti dubbisaan yookaan dhaggeeffataan yaada waloo hubatuuf malli dubbii gargaaruun isaa argannoo hojii qorannoo kanaati. Qammolee ijaarsa walaloo keessa qorannoon kun mala dubbii qofa kan ilaalu waan ta'eef, qorannoon biraa qaamota biraa kitaaba walaloo kanarratti osoo adeemsifamee kan jedhu, yaada furmaata qoratichi lafa kaa'edha.*

## Galata

Hojiikoo kana akkan galmaan ga’uuf dursa irratti isa hirkoofi hirphaa naaf ta’e, Uumaakoof galanni isaa galaana. Itti aansuun immoo gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf taasisaa turte gorsituukoo Barsiiftuu Sinqinash Alamuu (MA) galata jabaa na biraa qabdu. Hamtuun wal hin argiinaa!. Dhuma irratti maatiikoofi hiriyootakoo hojiikoo irratti najajjabeessaa turan galateeffachuun barbaada.

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa malleen dubbii kitaaba walaloo “QARQABA” jedhu irratti kan xiyyeeffatedha .walaloon gosoota ogbarruu keessaa tokko ta’ee, innis amala ogbarruu biroo irraa adda isa taasisu kan qabudha. Amaloota kanneen keessa tokko bifa gabaabina qabuun dhihaachuufi walunata sagalee,durdura,dhikkisaafi safara kan qabudha. Walaloo kanas haayyoonni iddoo garaagaraatti kan qoodanidha.

Haaluma kanaaan Misgaanuun (2012:44) irratti gosoota walaloo akkana jechuun qooda.*“walaloon tokko barreeffamaan muul’atamoo, afaaniin dubbatama kan jedhu irratti xiyyeeffata. Innis bifa afwalaloofi bifa barwalaloon muul’achuu danda’a”* jedha.

Yaada kanarraa kan hubannu, walaloon afaanumaan dhalootarra gara dhalootaatti darbu qaama ogafaanii yoo ta’u, innis afwalaloo jedhamee beekama. karaa biraa immoo walaloon barreeffaan darbu niijira. Innis dhalootaa dhalootatti, hawaasaa hawaasatti, namarraa namatti barreeffamaan darba.Isa kanaanimmoo barwalaloo jennaani. Qoqqooddi gosoota walaloo kanaa ilaalchisee Birhaanuun (2009:97) irratti baldhinaan kan kaa’uufi kaayyoo isaa irratti hundaa’uun bakka gurguddoo lamatti qooda. Isaanis: walaloo *mirrisaafi walaloo seenessaati* jedha. Walaloon kunis qaamota addaa addaa irraa kan ijaaramedha. Qaamota walaloo tokko ijaaran keessaa muraasni filannoo jechootaa, malleen dubbii, bilbila sagalee, safaraafi dhikkifata fa’adha. Yaaduma kana irratti Birhaanuun (2009:102) irratti qaamonni walaloon tokko irraa ijaaramu kanneen walaloon tokko akka dubbisuuf namaaf toluuf, akka nama hawwatuufi haala saiphaan akka hubachuun danda’amu taasisanidha. Yaada kana irraa kan hubannu qaamonni walaloon qokko irraa ijaaramu kanneen walaloon tokko akka nama hawwatuufi miidhagina horatee ofitti nama harkisuu danda’uuf kan itti fayyadamaniidha.

Qaamota walaloon tokko irra ijaaraman kanneen keessaa malleen dubbii fudhannee yoo ilaalle, malleen dubbii barreeffama tokko akka inni hiika dhanquu yookiin hiika dacha qabaachuu danda’uufi jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun dubbistoonni akka gadi fageenyaan xiinxaluun hiika barabaadan bira akka gahan kan taasisuudha.

Misgaanuun (2012:75) irratti waa’ee malleen dubbii akka ibsetti, sadoommiin kun wanta lubbuu hinqabne akka lubbuu horatuuf, kan dimimmise akka ifuuf, wanti xiqqoon akka guddatee mul’atuuf kan itti fayyadamnudha jedha. Akka yaada kanaatti wanti lubbuu hinqabne tokko bakka wanta lubbuu qabuu bu’uudhaan dhimma sana dhugoomsuudhaaf akka wanta lubbuu qabuutti gocha sana raawwachiisuudha.

> *“Figurative speech are non-literal ways of expressing one thing interms of another figurative speech includes smile, methaphor, personification etc”*
> Birhaanuu, (1999:104).

Malli dubbii wanta barreeffamaniin alatti kallattii biraan wanti tokko kanbiraatiin ibsamuu nidanda’a. Malli dubbiis kanneen haammachuu danda’a. Isaanis kanneen akka: bakkasaa, namoomsuu, xuqseefi kkf fa’aadha.

Yaada kanaan walqabatee Fedhasaan (2013:97) irratti akkas jechuun ibsa.*“Dubbiileen qolaa yookiin sadoommiin akakuuwwan hedduu qaba .Isaan keessaa muraasni, akkasaa, bakkasaa, namoomsuu, arbeessuu, agboo, sodhugaa, fakkoommii fi kkf dha.”*Jedha.

Walumaagalatti malli dubbii akkaataawwan dubbii yaada walaloo tokkoo ifa gochuu danda’anidha. Mala kanaanis dubbataan yookaan dhaggeeffataan walaloo caqasaa jiru irraa ka’ee, manaaba isaatiin qaari’ee wanta ibsamaa jiru sana akka hubatu, sammuu isaa keessatti yaad-fakkiin akka daawwatu, darbees wantoota miira isaa shananiin miireffatu mara addunyaa yaadaa keessa seenee yaadaan akka abuuru isa taasisa. Malli dubbii dhimma tokko kan ibsu haala galumasaafi hiika jechootaa yookaan gaaleewwanii kan barataman irraa bifa adda ta’een yookaan yaada addaafi fudhatamaa (filatamaa ta’een) cimsee kan ibsudha. Kunis haalli itti uumamu keessaa amala, miira gochaafi haala waliin dorgomsiisuun, fakkeessuun, amala isa tokkoo kan biroof kennuun jijjiiruufi bakka buusuunidha. Kana jechuun wanti hubatamu malli dubbii haala addaddaa keessatti kan gargaaru ta’uu isaati. Kunis, hiika jechootaa barreeffama keessattis ta’ee, dubbii keessatti haala duraan beekamu sana irraa haala adda ta’een kan itti gargaaramnu waan ta’eef hiikni jechoota achi keessatti argamanii hiika kallattii osoo hin taane, akkaataa namni dubbisu hiika itti argachuu qabaniin kan hiikamudha. Malli dubbii barreeffamoota yaad-uumeefi dubbii haasa’amu tokko amansiisaa taasisuuf gahee guddaa tabata.

Haaluma kanaan qorannoon kun kitaaba kuusaa walaloo “QARQABA” keessatti barreessaan gosoota malleen dubbii akkamiittiin akka fayyadamee ergaa isaa dabarfate qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

## 1.2.Ka’umsa Qorannichaa

Yeroo amma kanatti ogbarruun Oromoo gama barreeffamaan waan guddachaa jiru fakkaata. Ogbarruu barreeffamaa kana keessaa Asoosamni erga barreeffamuu eegalee kaasee guddina waaraa argamsiisuun sadarkaa dursaa irratti argama. Gama fiilmiifi walaloon yoo ilaalle immoo hanga kan asoosama ta’uu baatullee, yeroo ammaa kanatti jalqabbii gaariitu muul’ata. Kana jechuun kitaabonni walaloo hedduun namoota garaagaraan yeroo garaagaraatti barreeffamaa jiru jechuudha.Kitaabolee walaloo kana keessaa kitaabni walaloo “QARQABA” isa tokko dha.Haa ta’u malee qorannoowwan hedduun akkuma baay’ina hamma barreeffameen dursu, kitaaba Asoosamoota irratti gaggeeffamanii jiru. Amman qorataan kun sakatta’uuf yaaletti qorannoowwan kitaaba walaloo Afaan Oromoo irratti taasifaman muraasadha. Kanarraa ka’uun qorataan kun kitaaba walaloo “QARQABA” irratti gama mala dubbii isaatiin qaaccessa gochuuf isa kakaasera. Hanga qorataan kun sakatta’a taasisetti kanaan duratti kitaaba walaloo kana ittatti qorannoon gama kanaan taasifame hin jiru.

Haaluma kanaan qorataan kun gaaffilee bu’uraa armaan gadii qorannoo isaa keessatti deebisuuf qophaa’era.

- Gosoonni malleen dubbii kitaaba walaloo kana keessa jiranii maal fa’aa?
- Faayidaan malleen dubbii kitaaba walaloo kana keessattii maalii?
- Gosoonni malleen dubbii kitaaba walaloo ‘Qarqaba’ keessatti hin argamnee maal fa’a?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti kaa’amaniiru. Haaluma kanaan qorannoon kun kaayyoowwan gooroofi gooree irratti buu’uureeffata.

### 1.3.1. kaayyoo Waliigalaa

Kaayyoon walii gala qorannoo kanaa gosoota malleen dubbii kitaaba walaloo “QARQABA” keessatti argaman qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoowwan murtaa'oo

Kaayyoon murtaa'oon qorannoo kanaa;

- Gosoota malleen dubbii kitaaba walaloo "QARAQABA" kana keessatti argaman addaan baasuun agarsiisuu
- Faayidaa malleen dubbiin kitaaba walaloo "QARQABA" kana keessatti qabu agarsiisuun dhiyeessuu
- Gosoota malleen dubbii kitaaba walaloo 'Qarqaba' keessatti hin argamnee tarreessuu

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaa qorannoo jechuun qorannoon kun erga adeemsifamee raawwateen booda qaamni inni fayyadu eenyu fa'ii? jennee bakka itti eerruudha. Haaluma kanaan qorannoon kun erga hojjetamee xummurameen booda qaamolee armaan gadiitti barreeffaman kana kan fayyaduu danda'uudha.

- Namoota walaloo barreeffamaa kan biroo irratti qorannoo geggeessuuf fedha qabaniif akka ka'umsaatti kan gargaaruu danda'a.
- Madda ragaa ta'ee tajaajila kennuu danda'a.
- Adeemsa baruufi barsiisuu ilaalchisee namoota afaan kana barataniif barsiisan fayyaduu danda'a.
- Guddina ogbarruu oromoof gumaacha taasisuu danda'a.
- Afaan Oromoof ogbarruuwwan oromoof gahee isaan qorannoofi qo'annoo keessatti godhan akka cimsataniif fayyaduu danda'a.

## 1.5.Daangaa Qorannichaa

Daangaa qorannoo jechuun qorannoon kun naannoo kamitti akka geggeeffamuufi bal'ina qorannoo kan ilaallatuudha. Qorannoo kana keessatti wantoota baay'ee kaasuun nidanda'ama. Garuu xiyyeeffannoon isaa malleen dubbii kitaabicha filatame keessatti argaman qaaccessuu waan ta'eef adeemsa isaa keessattis daangaa kana irra osoo hin buune kan xumuramuudha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqina qorannoo jechuun bakka itti yeroo adeemsa hojii qorannoo hojii tokkoo qaama qorannoo adeemsisu tokko mudataniifi qorannoonumti sun hanqina inni qabu itti heeramanidha. kanumarraa ka'uun qorannoo kana yeroo adeemsisutti qorataa rakkoowwan akka baasii qorannichaaf malu dhabuufi yeroon jalaa gabaabbachuun isaan duraa yoo ta'an, akka qaama qorannichaatti immoo, qorannoon kun qaaccesssa malleen dubbii irratti qofa waan xiyyeeffatuuf, wantoota biro ilaaluu dhabuun hanqinadha.Sababni isaa Kitaaba walaloo kana kessatti wantoota akka ergaa walaloo kanaa, suuressuu barreessichi dhimma itti ba'e, hanqina gama sirna tuqaaleen muul'atu, itti fayyadama afaanii, akkataa ijaarsaafi wal unata bo'oowwaniifi sagaloota ilaaluun nidanda'ama ture.Garuu akkuma durarratti tuqame yeroon barnoota sababa dhukkuba Covid-19n waan jeeqameef yeroon gabaabbachuun kanneen ilaaluu hafuun hanqina hojii qorannoo kanaati.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2. Sakatta'a Barruu Yaadirimee

Mata duree kana jalatti yaaxxinaalee mata duree kanaan walfakkaatan kitaabilee garaagaraa keessatti argaman funaanuun jechoota Haayyotaatiin deeggaruun bal'inaan dhiyaataniiru.

### 2.1. Maalummaa walaloo

Jechi " *walaloo"* jedhu afaan Giriikii *"Poem"* jedhamurraa kan dhufe yemmuu ta'u, hiikni isaas tolchuu jechuudha. Walaloon akka ilaalcha warra Giriikitti bu'ura ogbarruu ta'ee kan bara dheeraaf tajaajila kennaa turedha. Birhaanuu (1999:75) irratti walaloon hojii uumee keessaa tokko ta'ee kan jechoota filatamoodhaan qindaa'eefi haala namni kamiyyuu itti dubbaturra adda ta'ee kan dhiyaatudha. Yaaduma kana bu'uureeffatee Show (1905:190) irratti akka ibsetti, walalooniti fayyadama afaanii isa olaanaa kan yaada sammuu keessa jiru ciminaan agarsiisuuf yeedaloof miidhagina gonfatee kan dhiyaatuudha. Kana yammuu jennu walaloon yaada ifa jiru ibsuuf kan dhiyaatu osoo hintaane,yaada dhokataa sammuu waloofi hawaasaa keessa jiru ifattti baasuuf kan hojjetuudha. Kana malees bashannansiisuuf kan fayyaduudha.

Haaluma kanaan walaloon qindaa'ina barreeffamaa yookiin dubbii yeedaloo ofkeessaa qabuufi kan yaada gadi fagoo sammuu keessa jiru miidhagina afaaniitiin olkaasee agarsiisuun akkasumas bohaarsuuf dhiyaatuudha. Kanaafuu, walaloon yeedaloofi miidhagina gonfatee yaada gadifagoo olbaasee mul'isuuf kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Walumaaagalatti,walaloon tokko akka nama hawwachuu danda'uuf miidhagina gonfachiifnee kan dhiyaatudha.

### 2.2. Gosoota walaloo

Gasoota walaloo ilaalchisee Haayyonni bakka addaa addaatti qooduun kaa'aniiru.Akka Misgaanuun (2012:44) irratti gosoota walaloo bakka lamatti qoodeera.Innis afwalaloofi barwalaloodha jedheen qoodee ka'eera. Kanamalees, Birhaanuu(1999:76) irratti, baldhinaan kan ibsu yoo ta'u, kaayyoo irratti hundaa'uun bakka gurguddoo lamatti qooda. Isaanis: walaloo mirrisaa (*Lyric poetry*)fi walaloo seenessaa (*Narrative poetry*) jechuun bakka lamatti qooduun ibsa kenna.Haaluma kanaan qorannoon kun gosoota walaloo seenessaafi walaloo mirrisaa irratti hundaa'uun ibsi bal'aan kan itti kennamudha.

### 2.2.1. Walaloo Seenessaa

Akaakuun walaloo kun seenaa tokko kan nutti himuufi gochaawwan achi keessatti raawwataman kan ibsudha. (Isuma:77) irratti akka ibsutti gosti walaloo kun kan jaalalaafi namoota gootummaan beekkaman akkasumas faaruu waaqa kan of keessaa qabudha.

### 2.2.2. Walaloo Mirrisaa

Akaakuun walaloo kun haala miiraa namatti dhaga'ame ifa godhanii ibsanidha. Walaloon akkan kun gadda,gammachuu, dhiphina, fedha, qeeqa waloo sanatti dhaga'amefi hawaasicha keessatti muul'atu kan bakkee buusee agarsiisudha.Weedduun jaalalaafi mararoon durbaa gosa walaloo kanaaf fakkeenya kan ta'anidha.

## 2.3. Caacculee Walaloo

Walaloon tokko walaloo jedhamuuf caacculee qabaachutu isa barbaachisa. Caacculeen kunninis walaloon tokko miidhagina akka godhatuuf kan tajaajiludha.(Isuma,81-84) akka jedhutti afwalaloos ta'ee walaloon barreeffamaa caacculee irraa ijaaraman hedduu of keessa qaba. Isaan keessaa kanneen bu'uraa ta'an; filannoo jechootaa, birsaga,bilbila sagalee, yeedaloo, sarara, malleen dubbiifi kan kana fakkaatanidha.

### 2.3.1. Filannoo Jechootaa

Jechoonni qaama walaloo isa guddaadha.Barreessaan jechoota filachuun yaada dabarsuu barbaade bakka buusuufi fayyadama jechootaa waloon tokko walaloosaa keessatti itti yaadee godhudha.Yaada kana irratti (Isuma,81) irratti akkkana jechuun ibsa.

*"Adeemsi filannoo jechootaa walaloo keessatti kan asoosamaafi diraamaa caalaa xiyyeeffannaa kan barbaadudha.*"jedha. Kana jechuun barreessaan yemmuu walaloo kalaqu jechoota mimmiidhagoo walsimannaa qabaniinfi akka nama hawwatutti itti yaadee kan ijaarudha. Yaada kana ilaalchisee Fedhasaan (2013:86) akkana jechuun ibsa; barreeffama yookiin dubbii keessatti tarreeffamni jechootaa waloon uumaman bu'ura.Walaloo keessatti jechoota filachuun kan asooosamaafi diraamaa caalaa of eeggannoo barbaada. sababnisaa jechoonni kan filataman hiika sagaleef qabanirratti hundaa'uunidha. Xiyyeeffannaa jechootaa kunis yeroo raawwataman haalaafi bakka ittigalaniin xiyyeeffatamuu qabu.Haala kanaan tartiibni jechootaafi waldhahuu jechootaa sagalee, cimina sagalee, bu'aa sagaleefi suuraa miiraa uumuu irratti xiyyeeffannoodhaan qindaa'u.

### 2.3.2. Birsaga

Birsagni qindoomina sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu ta’ee bakka itti yeroo sagalee tokko dubbisnu hafuurri addaan citudha.kana jchuun jecha yookaan kutaawwan jechaa kan hafuura tokkoon dubbifamee xummuramudha. Birsagni sagaleefi yeroo jechi tokko dubbifamuuf ittifudhatu kan agarsiisuudha. kanaafuu walgitiinsi yeroo sararoonni walaloo itti dubbifamanii birsagaan safaramuu isaaniiti.

### 2.3.3. Bilbila Sagalee

Walfakkeeyyi sagaleewwan walaloo tokkoo ijaaranii jaiqaba, gidduufi dhuma sarara walaloo irratti  uumamuu nidanda’a. Walfakkeenyi gaaleewwanii kunis bakka uumamaafi haala uumama sagaleewwanii yoo ta’u, Akka Zarihuun (1992:78) irratti jedhutti dubbifamaa yookiin dubbachiistuu irratti xiyyeeffachuu danda’a. Sagaleen kun miidhagina  gonffachiisuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Yaaduma kana deeggaruun Fedhasaan (2013:88) irratti akka ibsutti;Walaloon sagaleeffamuu barbaada; sagalee dhaga’amutu  miidhagina uuma. Ilmi namaa immoo sagalee gurratti tolu dhaggeeffachuu jaalata.Kanaaf jechoonni akka sagaleef gumaachaniin filatamuu qaba jedhame.Sagaleen waloof bu’aa guddaa qaba. Miidhagina gonfachiisuu keessatti haalli sagaleeffamuu bakka guddaa kan qabuufi miidhaginni dhikkisa walaloo tokkoo sagaleerraa madda.Kunis dhamdhama mi’aawaa akka qabaatu godha. Kana malees walaloo sana amala miidhagaa gonfachiisa.

### 2.3.4. Yeedaloo

Yeedaloon birsaga, gaaleefi sarara walaloo keessatti kan muul’atuufi wal madaallii isaatiin kan uumamudha. Akka Show (1905:324) irratti ibsutti; yeedaloon yaa’ina sagalee jechoota walmadaalaniin jechoota walaloo sanaa ijaaru. Harka irra caaluun immo wal simannaa lakkoofsa birsagoota kan sarara walaloo keessatti argamaniitiin kan uumamudha.Kanaafuu,yeedaloon tokko tokkon sarara walaloo keessatti kan argamu ta’ee walsimannaa birsagaa irratti kan hundaa’udha.

### 2.3.5. Sarara

Sararri sararoota walaloon kan qindaa’ina jechootaafi gaaleewwaniitiin ijaaramanii waliin cabsata(stanza) walaloo uumanidha. Zarihuun (1992:78) irratti akka ibsetti; sararoonni walaloo walgitinsa akka qabaataniifi gaaleewwan wal madaalan irra ijaaramu qaba.

Akka Show (1905:265) irratti jedhutti immoo jechoonnifi gaaleewwan birsagarraa waan ijaaramaniif qindoominas birsagoota murtaa'oo kan lakkoofsaan wal gitaniti. Kanaafuu, sararoonni cabsata walaloo tokkoo yeroo wal gitu keessatti kan dubbifamanidha.

## 2.4. Malleen Dubbii

Namoonni garaagaraa  kitaaba garaagaraa keessatti maalummaa dubbii qolaa Ilaalchisuun akka ibsanitti malleen dubbii ogbarruu barreeffamaa keessatti walquunnamtii namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti godhan keessatti akkasumas afoolawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu keessatti kan argamu ta'ee jechoota gaggabaaboo ta'anitti fayyadamee ergaa bal'aafi hiika dachaa qabaachuun beekkamanidha. Malleen dubbii akka Zarihuun (1992:105) irratti jedhutti *yaada tokko ibsa hoo'aafi cimaa qabuun agarsiisuuf hiika jechaa kan idileerraa maqsuun ittifayyadamuudha. Akkasumas amala waan tokkoo kan biraaf kennuun walbira qabuun dorgomsiisuun, walfakkeessuun, bakka waliibuusuun, yaada olkaasaaniifi gadi buusuun karaa ittiin ibsanidha.* Jedha.

Kunis waan barreessaan hubannoo wantoota naannoo isaatti argaman irratti argaman hundaa'ee dhiyeessudha.Bifa, amala, sochii namaafi bineensotaa, akkasumas uumama biro uumamaan ,bifaan, amalaan, wal hin fakkaanne walitti fiduun kan uumamudha.

Yaaduma kanaan wal qabatee Misgaanuun (2012:75) irratti "*Sadoommiin wanta lubbuu hin qabne akka lubbuu horatuu,kan dimmise akka ifee muul'atuuf,wanti xiqqoon akka guddatee muul'atuuf kan itti fayyadamanidha*." jechuun ibseera. Yaada kanarraa wanti hubatamu, wanti lubbuu hin qabne bakka wanta lubbuu qabuu bu'uudhaan akka waan lubbuu qabuutti gocha wanti lubbuu qabu raawwatu raawwachuu akka danda'utti bakka buusuun kan dhimma itti ba'amudha.

### 2.4.1. Faayidaa Malleen Dubbii

Malli dubbii faayidaa garaagaraa qaba. Malli dubbii yaadota uumeefi kanneen biroo keessatti ,akkasumas barreeffamaafi afquunnamtii keessatti faayidaa garaararaa kan qabudha. Isaan keessaa muraasni akka armaan gadii kanatti dhiyaataniiru.

Malleen dubbii amala,gocha,fedhiifi amala namaa yookaan bineensotaa wanta biraa wajjin waldorgomsiisuun, walfakkeessuun,amala isa tokko kan biraatiif kennuuf yookiin jijjiiruuf ,akkasumas wanta tokko kan biraatiin bakka buusuuf kan fayyadudha. Zarihuun (1992:105).

Kanarraa kan hubannu malli dubbii amala wantoota garaagaraa wal bira qabuun dhaggeeffataaf yookiin dubbisaaf akka ifa ta'uuf kan gargaarudha.

Haaluma kanaan malli dubbii ergaa yaada tokkoo sammuu keenya keessatti uumuun salphaatti akka nuuf galu taasisa.Malli dubbii tajaajila kana sirriitti qabaachuu kan danda'udha. Akkasumas wantoota naanno keenya jiran jireenya keenya wajjin haala wal qabatan irratti hundoofnee yoo itti fayyadamne caalaatti filatamaa ta'a jechuudha. Kanamalees,malleen dubbii waan nutti himame yookiin dhageenye tokko yaanni isaa akka hin dagatamneef fakkii sammuu keessatti uumuun kan tursiisudha.

Akkasumas wanti barreessaan yookaan dubbataan nutti himaa jiru tokko xiyyeeffannaa akka argatu taasisa. Faayidaan malleen dubbii kan biroon, barreessaan yookaan dubbataan bifa, gocha, amala, boca, yaada haalaafi miira waan tokkoo hammamiin olkaasee yookiin gadibuusee xiqqeessuun akka itti dhiyeesse kan agarsiisudha. Dabalataanis dubbisaan yookiin dhaggeeffataan cimina yaada barreessaan haala kanaan ibsuu barbaade kan tilmaamudha.

## 2.5. Akaakuuwwan malleen dubbii

Malleen dubbii akaakuuwwan ogbarruu sadan: Asoosama,Diraamaafi Walaloo keessatti baay'inaan kan muul'atudha. Akaakuun malleen dubbii yookiin dubbii qolaa akka Fedhasaa (2013:97) irratti ibsutti, *"Dubbiileen qolaa akaakuuwwan hedduu qabu. Isaan keessaa muraasni: Akkasaa, Bakkasaa, Arbeessuu, Namoomsuu, Fakkoomiifi kan kana fakkatan"* jechuun ibse. Akka yaada kanaatti malleen dubbii gosti torba akka jiranidha.Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### 2.5.1. Akkasaa

Akkasaan wantoota lama kan uumamaan wal hin fakkaanne amala, bifa,haalaafi wantoota biroon wal bira qabanii waldorgomsiisuuf kan itti fayyadamanidha .Akka Fedhasaan Gammachuu (2001:46) wabeeffachuun akka ibsetti, "*Akkasaan wantoota haala uumamaan wal hin fakkaanne amalaan, hojjaan, guddinaafi kan kana fakkaatuun wal madaalchisuun yookiin wal dorgomsiisuunagarsiisuudha.*" Yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu akkasaan wantoota uumamaan tokko hin taane wantoota isaan wal fakkeessu fudhachuun bakka buufnee ittiin ibsuuf kan nu fayyadudha. "*Akaakuun sadoommii kun wantoota lama gocha, yaada, amala isaaniin wal dorgomsiisuuf kan uumamudha*" Zarihuun (1992:107). haala kanaan ibse.

Kana jechuun amala, gocha, wanta tokkoo fuunee wanta biraan ibsuuf kan oolu jechuudha. Kanaaf jechoota akka, fakkaataa, hammafi kan kan fakkatan fayyadamuun wantoota lamaan sana raawwachuu akka danda'u taasisuudhaan kan itti fayyadamanidha.

### 2.5.2. Nameessuu

Gosti mala dubbii kanaa wanta amala namaa hin qabne amala dhalli namaa qabu kennuun akka dhala namaatti want asana hubachiisuufi hojjechiisuun gocha dhalli namaa raawwachuu danda'u akka inni raawwatu gochuudha. Dhimma kana ilaalchisuun Misgaanuun (2012:82) irratti akkana jechuun ibsa.*"Namoomsuun lubbu qabeeyyii yookaan uumama namaan alaatiif amala namummaa kennuun wanti sun akka namaatti akka dubbatu, kolfu, gaddu, gammadu gochuuf kan itti dhimma bahanidha*".jedha.

Kana jechuun amala bineensa yookiin lubbu qabeeyyii birootiif akka gocha namni raawwatu raawwachuu danda'utti kennuudhaan gocha sana raawwachiisuun kan itti fayyadamanidha.

### 2.5.3. Bakkasaa /Iddeessuu/

Bakkasaan wantoota haalaan wal hin fakkaanne wal bira qabuun amala, gocha, bifa, walumaagalatti wantoota inni tokko qabu guutumaa guututti fuudhanii isa biroof kennuun kan uumamudha.Yaada kana ilaalchisuun (Isuma,97) irratti akka ibsutti *"Bakkasaan bakka buusa waan lamaati; akkasumas wanta tokko waan biroon bakka buusuun waanuma sana taasisuudha.Yaanni kun kan inni muul'isu wanti bakka bu'uf deemu sun wanta amala, gocha, bifafi dandeetti wanta bakka bu'amuu sanaa guutumaatti fudhachuudhaan dhimma irratti bakka bu'e sana sanaaf dhaabbatee hojjeta jechuudha".*

Yaaduma kanaan kan walsimu Misgaanuu (2012:80) irratti akkana jechuun ibsa, bakkasaan bakka buusa wanta tokkoo kan biraatiif kennuuf tajaajila, amala, bifa, boca namaa, kan bineensaafi lubbu qabeeyyee garaagaraa fuudhee kan biraaf kennuun guddisee suuraa waan odeeffamuu sana namatti agarsiisa.

Akkuma maqaa isaarraa hubatamu bakkasaan bakka buusa wanta tokkooti.Amalafi gocha wanti qabu fuudhee isa biraatiif bakka buusuun suuraan sammuu namaa keessatti akka uumamu taasisa.

### 2.5.4. Agiboo /Habalaka/

Gosti mala dubbii kun addaa addummaa wantoota lamaa kan fakkaatuufi  dhugaa ta’e gidduutti kan muul’atudha, Fedhasaa (2012:26). Kana jechuun wanti jedhamuuf ka’eefi wanta jedhame gidduutti hiika faallaatu  jira jechuudha. Yaaduma kanaan wal qabatee Birhaanuun (2012:26)

“*Another important litrely device is irony. Irony is a technique used when writter says samething but means the opposite*.” Agiboon kallattii wanti tokkoittiin ibsamu irraa karaa faallaan kan ibsamudha. Malli dubbii kanaa kan nu fayyadu barreessaan yaada ibsuu barbaade sana karaa faallaa ta’een itti dhimma ba’a.

### 2.5.5. Arbessuu /Gurguddeessuu/

Arbeessuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamuttuu waa’ee  wanta tokko fudhachuun waa’ee waan sanaa olkaasuun yookaan guddisuun himuudha.

“*writer may exagrate or over state that fact in piece of writing*”(Isuma,27) yaada kanarraa kan hubatamu barreessaan dhimma dabarsuu barbaade sana hamma wanti sun ga’uun alatti olkaasuun yookaan gaditti gadi  buusuun tooftaa ittiiin waantokko ibsuudha.

### 2.5.6. Sobdhugaa /Mitihee/

Sobdhugaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta’ee gama tokkoon dhugaa ta’ee, gama biraatiin immoo soba kan ta’eedha. Kana jechuun sobdhugaan himoota lama kan ofkeessaa qabu yoota’u inni tokko dhugaa yoo ta’e, inni kaan immoo  soba ta’a jechuudha. “*sobdhugaan irra keessaan waan walfakkeessu fakkaatee yaada dhugaa kan ofkeessaa qabuudha. Akkuma agboo yaada walfaallessu lama ofkeessaa qaba.Irra keessaan yoo ilaalan soba kan fakkaatuufi keessa isaatti immoo dhugaa qabatee kan dhiyaatuudha.*”Zarihuun(1999:123) .Akka yaada armaan oliitti  sobdhugaan waanta gubbaa irraa soba fakkaatee yoo gadifageenyaan xiinxallee hubanne dhugummaan isaa kan mul’atuudha.

### 2.5.7. Fakkoommii /Mallattoo/

Fakkoommiin gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta’ee kan wanti tokko wanta biraa bakka bu’uun abbummaa fudhatuudha. Akka Fedhasaan (2013:99) irratti ibsutti fakkoommiin kan wanti tokko wanta biraa bakka bu’ee mallatteessuun agarsiisuudha. Namni wanta hawwu tokko yaada hiika fuulduraa qabuun olitti yeroo dhimma tokko mallatteessu fakkoommii jedhama jechuun ibseera. Kun kan agarsiisu wanti waantokko bakka bu’e sun utuu waa’ee waan bakka bu’ee sanaa hin ibsin; amala,bifa, gochaafi kkf kan wanti bakka bu’ame sun qabu hunda

fakkaachuun akka ofiitti kaasuudha. Fakkeenyaaf waa’ee oromiyaa kaasa yoo ta’e, haadha bakka oromiyaa buusuun haadhaan qabee oromiyaa faarsuu danda’a jechuudha.

### 2.5.8. Tuqsee

Tuqseen gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta’ee waan tokko, bakka wayii,namas ta’ee waan biro maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiyeessuuf kan gargaarudha.

Yaada kana deeggaruun Fedhasaan (2012:8) *“Tuqxu-seenaan hojii ogbarruu keessatti waa’ee iddoo, namootaafi gochaa karaa muul’atuun yookiin alkallattiin seenaa wabii godhatee hojii biroo keessatti kan agarsiisudha.”*Jechuun ibseera.

### 2.5.9. Atee /Jedhiyaadi/

Ateen waan nu bira hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiyeessuun kan itti gargaaramnudha. Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun (1992:116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera.

> *Ateen waan bira hin jirre tokko namas namaan ala kannen ta’an akka waan nubira jiranii nu dhaggeeffachaa jiraniifi deebii nuuf keennuu danda’aniitti fudhachuun,gaaffii gaafachuu, marii wajjin taasisuu, haasofsiisuu, guddisuun yookiin kofalchiisuu irratti hundaa’ee mala dubbii uumamudha*.

Yaada armaan olii kana irraa hubachuun akka danda’amutti, mala dubbii kana keessatti lubbu-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiyyuu kan nutty dhihoo hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dhiyaachuufi haasofsiisuun malli dubbii muul’atu atee ta’uu isaa hubachuun kan danda’anmudha.

## 2.6. Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii

Mata duree sakatta’a qorannoo walfakkii jedhu kana jalatti qorannoowwa namoota biroon qorataman ta’anii kan qorannoo kanaan wal fakkaatan bakka itti sakatta’amanidha. Kanaafuu, qorannoowwan wal fakkii qorannoo kanaan walfakkaatan haala armaan gadiin ibsamaniiru.

Isaaq Bariisoo qorannoo isaa (2003) mata-duree “*Sakatta’a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa*jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha.

Ahmad Mohammeed qorannoo isaa (2012) mata-duree “*Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo* <u>*“A’’AA!"*</u> *jedhu irratti kan xiyyeeffateedha*. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta’u, qorannoo kana waliin dhimma mala dubbiin walqabatuufi haala qaaccessasaa irratti kan walfakkaatudha.
Ibsaa Addunyaa qorannoo isaa (2016) mata-duree “*Qaaccessa itti fayyadama malleen dubbii walaloo* <u>*Anaa’iyaa*</u> *keessatti* “ kan gaggeeffameedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammataa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta’u, qorannoon isaa kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu akaakuu malleen dubbii, hiika isaanii tarreessuun fakkeenya waliin dhiheessuusaati

Haaluma kanaan garaagarummaan qorannoowwan kanneeniifi qorannoo kanaa akka armaan gadii kanatti bifa gabaabbina qabuun dhiyaate jira.

- Qorannoowwa armaan olii sakatta’a itti fayyadama malleen dubbii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, qorannoon kun immoo qaaccessa malleen dubbii kitaaba filatamee keessatti kan adeemsifamedha.
- Qorannoon armaan olii waa’ee malleen dubbii kitaaba Asoosama keessatti kan ilaalan yoo ta’u, qarannoon kun immoo kitaaba walaloo filatamee keessatti mala dubbii barreessaan itti gargaarame kan qaaccessudha.

Haaluma kanaan qorannoon kun qorannoowwan armaan oliitti heeraman kana irraa garaagarummaa niqabaata.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Mala Qorannichaa

### 3.1.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannaan kun sababa yaadrimee haaraa gosa malleen dubbii walaloo barreeffamaa kana keessa jiru qaaccessuun addaan baasee agarsiisuf kaayyoo irratti hundaa'uun qorannoo bu'uuraa jalatti ramadama. Bifa inni dhiyaatuun qorannoon kun waa'ee qaaccessa malleen dubbii kitaaba walaloo kanaa waan ibsuuf qorannoo ibsituu jalatti ramadama.

Madda raga isaa irraa odeeffannoo yaadrimeen funaanuun raga argates qaaccessee yaadrimeen waan dhiyeessuuf akaakuu ragaaleefi tooftaa ragaalee ittiin funaanu irratti hundaa'uun qorannoo yaadrimeetti dhimma baha. Kanumarraa ka'uudhaan qorataaan kunis, qorannoo kana hojjetee xumuruuf malawwan kanatti dhimma baha.Akaakuu malleen dubbii kitaabicha keessaa baasuun erga tarreesseen booda, akaakuuwwan mallen dubbii gosa gosa isaaniitiin qooduun tokko tokkoon kutaa qaaccessa ragaalee keessatti qaaccessuun qorannicha geggeessa.

### 3.1.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorataan madda ragaalee qorannichaa gaggeessuuf itti fayyadame kitaaba walaloo "QARQABA"jedhudha. Dabalataanis, kitaabilee waa'ee malleen dubbii irratti kanaan dura barreeffaman fa'a.

### 3.1.3. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Qorataan qorannoo kana gaggeessuufi argannoo irra ga'uuf, meeshaan funaansa ragaa isaa sakatta'insa kitaabilee fi kitaaba walaloo "QARQABA"jedhuuti.


### 3.1.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Tooftaan xiinxala ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisaa ta’e, xiinxala yaadrimee/akkamtaadha. Sababni isaas xiinxalli qorannoo kanaa lakkoofsaan osoo hin taane jechaanidha. Kanaaf, waa’een malleen dubbii kitaaba walaloo kanaa haala kanaan  xiinxalamuu danda’eera.

# BOQONNAA  AFUR: QAACCESSA RAGAA

## 4.1. Seenaa Gabaabaa Kitaaba Walaloo Qarqabaa

Kitaabni walaloo kun kan barreeffameefi maxxanfame bara 2016 (ALA)tti yoo ta'u, barreessaan kitaaba kuusaa walaloo kanaa Irranaa Gammachuuti.kitaabni kun walumaagalatti fuula 104 kan qabu yoo ta'u, qabiyyeewwan xixiqqaa garaagaraa  (mata dureewwan) 74kan of keessaa qabudha. Kitaabni kuusaa walaloo kun qabiyyeewwan garaagaraa kan dhimmoota akka siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa,amantii, fikkf of keessatti qabatedha. Akka walii galaatti qabiyyee kana haa qabaatu malee maqaan kitaaba kana "QARQABA" mata duree jedhu kutaa walaloo kana keessaa fuudhee moggaafatee jira. Barreessaan kun kitaaba biraa mata dureen isaa "Handhuura Oromiyaa" jedhu bara 2019 (ALA)tti kan barreesse yemmuu ta'u kitaabni kun waa'ee seenaa magaalaa Finfinnee irratti kan barreeffamedha. Barreessaan kitaaba walaloo kanaa yeroo ammaa kana sadarkaan barnoota isaa digirii lammaffaa (MA) yemmuu ta'u, digirii jalqaba (BA) isaa gosa barnootaa lamaan, "Tourisim Management" fi "Business Management" yoo ta'u digirii lammaffaa (MA) isaa immoo, Oromia State University irraa "Leadership And Change Management" dhaan nama xummuredha. Barreessaan kun yeroo duraa hojjetaa mootummaa yemmuu ta'u, yeroo ammaa kanatti magaalaa Finfinnee keessatti Diinii koollejjii ta'uun hojjechaa jira. Kitaabota isaa lamaan keessaa kitaaba "Handhuura Oromiyaa" jedhuun uummata biratti beekama




**Fakkii**.1. *Suuraa kitaaba walaloo QARQABA agarsiisu.*

Waa'ee kitaaba walaloo kanaafi barreessaa kitaabichaa  hangakana erga ibsinee boodaa itti aansuun immoo waa'ee  qaaccessa ragaatti dabarra.

## 4.2. Qaaccessa Malleen Dubbii

### 4.2.1. Nameessuu

Nameessuun amala dhala namaa, lubbu qabeessa yookiin lubbuu maleessa biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun mala ibsuuti.Haaluma kanaan kitaaba walaloo kana keessatti malli dubbii nameessuu fakkeenyota garaagaraa gadiitti tarreeffamaniin dhiyaataniiru.

FKN. 1 -------------------------------------------

*Yaa lukkuu kukkuluu kee hin dhaqiin*

*Atis yaa weennii dhiisi hin korrisiin*

*Bara baay'een wacuu kee dhaggeeffadhee*

*Yaa Simbirroo  sirraas abdii kutadhee*

*Kukkuluuf korrisuu keessan  abdadhee*

*Utuun barii lafaa eeguu*

*Dukkanni na caccabse ceekuu!*

------------------------------------ *(fuula 13)*

Buufata walaloo kana keessatti akka sarara torbaffaa ittatti ibsametti " *Dukkanni na caccabsee ceekuu*" kan jedhu  barreessaan walaloo kanaa amala dhalli namaa rawwachuu danda'u akka waan dukkanni gocha caccabsuu raawwachuu danda'uutti ibsee jira. Kanaafuu, gocha uumamaan dhala namaaf danda'amu kan lubbuu hin qabne dukkanaaf kennuun akka dukkanni gocha caccabsuu kana raawwateetti waan ibseef waloon kun mala dubbii nameessuutti dhimma ba'ee jira jechuudha.

FKN. 2--------------------------------------

*Kan baddaafi gammoojjii jirani*

*Otoo dubbatanii*

*Afaan qabaatanii*

*Sinbirroonni samii*

*Gubbaa barrisani*

*Reeptayiloonni galanaas*

*Afaan baafatanii*

----------------------------*(fuula 34)*

Buufata walaloo kana keessattis waloon lubbuu qabeeyyii samii gubbaafi bishaan keessaa jiraataniif amala dhalli namaa gochuu danda'u kan akka dubbachuu kennuun akka isaan ta'ii waan tokkoo irratti dubbataniifi yaada kennaniitti ibsee jira. Kanaafuu afee kana keessatti waloon kun gosa mala dubbii nameessuutti dhimma ba'ee jira. Sababni isaas lubbu qabeeyyiin kunniin akka namaatti akka dubbatan, akkuma namaatti afaan saaqqatanii akka haasa'an waan godhee buufata kana keessa sarara lammaffaafi sadaffaa irratii *"otoo dubbatanii, afaan qabaatanii"* kan jedhu bifa otoo of keessaa qabuun ibsee. Kanaafuu, afee kana keessatti malli dubbii nameessuu itti fayyadamameera jechuudha.

FKN. 3------------------------------

*Mixii wal qabattee*

*Laga wal ceessiftu*

*Jirbii wal tumsitee*

*Arba kotteessitu*

----------------------- *(fuula 76)*

Afee armaan olii kana keessattis akka ibsametti waloon kun amala dhala namaa mixiidhaaf kennuun akka waan mixiin wal qabattee laga walceesisteetti, akkasumas immoo amala dhala namaa biqilaa Jirbii jedhamuuf kennuun akka wal tumsuun,tokkoomuun Arba gaadi'aniitti ibsee jira. Kanaafu amala dhala namaa wantoota armaan olii kanatti heeramaniif waan kenneef mala dubbii nameessuutti dhimma ba'ee jira.

FKN. 4 ------------------------------

*Arrabni si boonaa*

*Onneen maa si gaabbaa?*

*Haalumti kee kuni*

*Jaalalaaf moo jibbaa?*

--------------------------*(fuula 94)*

Afee kana keessatti "*Arrabni si boonaa*" jechuun kan ibsame qaama namaa keessaa tokko kan ta'e arrabni akka waan dhala namaatti amala boonuu agarsiisetti ibsamee jira. Kanaafuu buufata kana keessattis haala kanaan mala dubbii nameessuutti dhimma ba'ameera.

### 4.2.2. Akkasaa

Akkasaan jecha akkaafi fakkaata jedhanitti dhimma ba'uun wantoota lama wal cina qabuun isa tokko isa kan biraatiin kan ilaaludha**.** Kanarraa ka'uun walaloo kana keessatti haala kamiin akka jiruufi qaaccessa isaa waliin akka armaan gadii kanaan dhiyaatee jira.

FKN. 5 --------------------------

*Ta'i akka Agarii Tulluu*

*Qaxalee tooftaa beeku*

*Akka Adam Saaddoo*

*Goota icciitii eegu*

-----------------------*(fuula 14)*

Buufata kana keessatti akka sararoota tokkoffaafi sadaffaa irratti "*Ta'i akka Agarii Tulluufi Akka Adam Saaddoo"* jechuun ibsametti, waloon kun gootota oromoo uummata oromoo biratti seenaa addaddaa hojjechuun beekaman lama fudhachuun dhaloota ammaaf isaan wal bira qabuun ibsa. Akkuma beekamu seenaa keessatti gootonni akka Agarii Tulluufi Adam Saaddoo namoota beekamoodha.Agariin goota salaalee gootummaan beekamuufi yeroo baay'ee gamnummaan diina miliqaa turedha. Akka seenaan isaa ibsutti yeroo diinota isaatiin wal argu "ana rasaasni

nan ajjeesuu” jedhaan jedhama. Kanaaf qaxalee tooftaa beeku jechuun ibsame.Akkasumas immoo goonni Adam Saaddoon goota xalayaa dhaaba isaa irraa fuudhee gara dhaaba isaa bakka biraa jirutti osoo geessaa jiruu diinotaan gaafa qabamu xalayaa fuula shanii alanfachuun erga liqimseen booda “kan garaa nu ba’e, garaatti nu deebi’e bakka feetaniin nu dhaqaa” jedheen jedhama.Kanaafuu goota icciitii eeguun beekamudha. Afee kana keessattis waloon kun gootota kanaafi dhaloota amma jiru kana walbira qabuun waan ibseef mala dubbii akkasaatti dhimma ba’eera.

FKN.6 ---------------------------------------------------

*Deemtanii deebi’uu baattanis nuti garuu jirraa*

*Galgalaa ganama imimmaan roobsaa*

*Akka Adaamii olla Agamsaa*

*Jiraachuu taatus jiruun keenya*

*Abdii kutachuu dhiifnee*

*Nuu dhuftuu isin eegna!*

------------------------------------*(fuula 31)*

Afee armaan olii kana keessatti gosa mala dubbii keessaa akkasaatti dhimma ba’ameera. Buufata kana keessatti sarara sadaffaa irratti akka ibsametti “*Akka Adaamii ollaa Agamsaa*”kan jedhu wantoota garaagaraa lama wal bira qabuun ibsee jira. Isaanis: nama boo’uufi gosa mukaa Adaamii jedhamu kan naannoo badda daree biqilu kan baala babal’atu, kan wanti qara qabuu yoo waraane akkuma salphaatti imimmaa’u wal bira qabuun ibsee jira. Wantoota kanneen jecha akka jedhutti fayyadamuun walbira qabuun ibsee jira.Kanaafuu mala dubbii akkasaatti dhimma ba’ee jira.

FKN. 7 --------------------------------------------------

*Akka haroo basaqaa akka malkaa waakkannaa*

*Akka laga daadhii kuufaamee hin muul’atu*

*Burqaan imaammanii*

------------------------------------------*(fuula 48)*

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun mala dubbii akkasaatti dhimma ba'eera. Haaluma kanaan sarara lamaan jalqaba buufata kanaa irrattti akka ibsametti jecha akka jedhutti fayyadamuun haroo Basaqaa, malkaa Maakkannaa, laga Daadhiifi imimmaan kan ija namaa keessaa burqu walbira qabuun ibsa. Ibsa isaa kana keessatti akkaataa lageen kunniin ittiin kuufamaniin imimmaan ibsuuf yaala. Haata'u malee wantoonni kunneen wantoota addaddaa kan bakka wal bu'uu hin dandeenyedha. Haala kanaan waloon kun afee kana keessatti mala dubbii kanatti dhimma ba'ee jira.

FKN. 8 ---------------------------------------------------

*Otoo nama taatee jirtuu, maalii ati hin yaadduu?*

*Kan akka bulguu, dhiiga namaa dhugduu*

*Dhiiga abbaakee, abbaa si guddise*

*Dhiiga obbalaa kee, gadaameessi tokko baase*

--------------------------------------------*(fuula 54)*

Afee kana keessatti barreessaan walaloo kanaa mala dubbii akkasaatti dhimma ba'ee jira. Sarara lammaffaa irratti *"kan akka bulguu, dhiiga namaa dhugduu"* jechuun kan ibsame jecha akka jedhutti dhimma ba'uun namaafi bulguu wal fakkeessa. Bulguunakka hawaasni ibsutti bineensa nama fakkatu kan qaamni isaa marti sibiila ta'eefi qaamota kanneen akka ijaa, harkaafi afaanii dachaa qabudha jedhu. Bineensi kun qabatamaan kan hin muul'annedha. Hawaasa keessatti keessumaa baadiyyaatti uummanni daa'imman ittiin waan badaa tokko irraa adabuuf, dhorquuf seeneffama waa'ee bineensa kanaatti fayyadamu. Waloon kunis dhala namaa amala badaa qabu, kan hawaasa keessa jiraatuufi irraa dhalate irratti hamaa yaadu walbira qabuun ibsa. Kanaafuu mala dubbii jiran keessaa akkasaatti dhimma ba'ee jira.

### 4.2.3. Bakkasaa (Iddeessuu)

Iddeessuun waan tokko waan biraatiin bakka buusnee ibsuudha. Walaloo keessatti iddeessuun mala dubbii bu'uraa yaadonni garaagaraa ittiin dhiyaatanidha. Walmadaalchisuun bakkasaa

keessatti fuulleefi fuulleetti kan hin muul'anne haata'u malee, nijira. Moggaasuma maqaa irraa akka hubannutti amala waan tokko qabu kan biraatiin iddoo buusuun ibsuudha. Mala dubbii kanaan wal qabatee kitaaba walaloo "*Qarqabaa*" keessatti haala armaan gadii kanaan qaacceffamee dhiyaatera.

FKN. 9 ---------------------------------------------

*Tarsa'uu hin dhaqiin*

*Yaa qunnaa afaan xaasaa*

*Ani gaabbiikoo dagalfadheen*

*Akeeka na duraaf qiyya koo  qiyyaasaa*

--------------------------------------------------*(fuula 26)*

Afee armaan olii kana irraa akka hubannutti, waloon kunwantoota lama kan uumamaan amala garaagaraa qaban bakka wal buusuun ibsa. Kunis akka sarara lammaffaa irratti ibsamee jirutti "*yaa qunnaa afaan xaasaa*" kan jedhu nama dubbii dubbatu tokkoofii afaan meeshaa xaasaa jedhamuu bakka wal buusa. Wantoonni kunniin wanta wal hin fakkaanneefi tasumaa bakka wal bu'uu hindandeenye haata'an malee waloon kun ergaa isaa dabarfachuf  mala dubbii bakkasaatti fayyadamuun bakka walbuusuu danda'ee jira. Adeemsa kana keessattis nama waa'ee namaa dubbatu, nama hamatu kana bal'ina afaan xaasaan bakka buusee ibse.kanaafuu mala dubbii iddeessuutti dhimma ba'ee jira.

FKN. 10 ------------------------------------

*Yeroo jireenya balfanii*

*Du'a nama filachiisu*

*Abdiin biiftuu taatee*

*Naannoo namaa ibsitii*

*Carallaan balaqqeesheemmoo*

*Umurii dheeressitii!*

------------------------------*(fuula 30)*

Afee armaan olii kana keessatti akka sarara sadaffaa irratti *"Abdiin biiftuu taatee*" jechuudhaan ibsametti waloon mala dubbii bakkasaatti fayyadamee jira. Sarara kana irratti wantoota lamatu bakka walbu'ee jira. Wantoonni kunniinis abdiifi biiftuudha. Abdiin waan tokko irratti xiyyeeffannoo kennuun waan sanarratti of gatuu, naaf ta'a jedhanii eeggachuu yemmuu ta'u, biiftuun immoo wanta uumamaan argamtu, kan hoo'aafi ifa laattuudha.wantoonni kunniin uumamaan wantoota garaagaraa wal hin madaalleefi wal hin fakkaannee yoo ta'anillee waloon walaloo isaa kana keessatti ergaa abdiin qabuun daraan cimsee ibsachuufi akka inni yaada cimaa qabaatu gochuuf bakka walbuusuun ibsee jira. Kanaafuu, mala dubbii bakkasaatti dhimma ba'ee jira.

FKN. 11-----------------------------------

*Gingishaa abbaa garaa*

*Bobbaaf galli dharaa*

*Baattoo hamii xawalwaallaa*

*Situ wal fakkeesse*

*Akkamiin adda baafnaa?*

---------------------------------*(fuula 33)*

Afee armaan olii kana keessattis malli dubbii bakkasaa nii muul'ata. Buufata kana sarara tokkoffaa irratti "*Gingishaa abbaa garaa*"kan jedhu wantoota garaagaraa lama akka bakka wal buusee jiru hubanna. Wantoonni uumamaan wal hin fakkaanne; garuu akka ergaa dabarsuuf tolutti waloodhaan bakka wal buufaman kunniin: nama garaa jaalatu, nama faayidaadhaaf bakka laatu, nama maal naan jedhuu hin beekne, ofittoo ta'e tokkoofi meeshaa mana kessatti itti dhimma ba'an kan Gingishaa jedhamu, kan midhaan keessuma kanneen akka xaafii kan hammaan xixiqqoo ta'an ittiin wanti hammaan gurguddaa ta'e tokkorraa adda baasuuf itti

fayyadamnudha. Adeemsa bakka wal buusuu kana keessatti wantoonni lachuu waan tokko qabachuu dadhabuu irratti wal fakkaachuu isaaniitiin.Gingishaan wanti itti naqame haaluma jiruun of keessa dabarsa. Namni Gingishaatti fakkeeffame sunis nama icciitii waan tokkoo qabachuu hin dandeenye; wanta hunda dabarsee odeessudha. Kanaafuu, buufata kana keessatti malli dubbii bakkasaan (iddeessuun) itti fayyadamameera.

FKN.12 -------------------------------------------

*Saayibatoo kan gaafa rakkinaa*

*Daawaa too daawaa gaafa dhibbinaa*

*Sin abdadha hin deemiin na duraa*

*Gaafan ofuu balfuu, dhufee sin na fura.*

--------------------------------------*(fuula 36-37)*

Afee armaan olii sarara lammaffaa irratti akka ibsametti *"Daawaa too daawaa gaafa dhibbinaa"* jechuun kan ibsame wantoota lama bakka wal buusuun ibsee jira. Wantoonni bakka wal bu'an kunneenis daawaafi hiriyaadha.Waloon walaloo isaa kana keessatti ergaan isaa akka ciminaafi xiyyeeffannoo qabaatuuf wantoota kana lamaan bakka wal buusee jira.Kanaafuu mala dubbii bakkasaatti dhimma ba'ee jira.

FKN. 13 ----------------------------------------------------

*Yoon waan kee xiinxalu jechuu na hankaakaa*

*Miilas fuudhee hindeemu calliseen daddaaqaa*

*Ati anaaf taliilaa taliila qulqulluu*

*Bishaan madda burqee qaama qalbii tolu*

*Argaan kee na sooree Awwaahee natty horaa*

*Cinqamas fageessee miiraan na bohaara*

*Mijuun koo guutuudhaa gaafan si qabu*

*Jiruun koos qajeeloo qeeqa rabbii hin dhaqu!*

-------------------------------------------*(fuula 40)*

Afee armaan olii kana keessattis malli dubbii bakkasaan hojiirra oolee jira. Akka sarara sadaffaa irratti "*Ati anaaf taliilaa, taliila qulqulluu*" jchuun ibsametti wantoonni lama kanneen uumamaan wal hin fakkaanne bakka wal bu'uun ibsamanii jiru. Wantoonni bakka wal bu'an kunis hiriyaa (namaa) fi taliiladha. Taliilli bishaan qulqullina qabu kan dhamdhamaafi argaatti tolu, kan lafa keessaa burqudha. Haaluma kanaan waloon kunis akka ergaan yookiin yaanni wanti inni barreessaa jiru xiyyeeffannoo argatuuf wantoota kanneen lamaan, hiriyaafi taliila bakka wal buusuun ibse.Kanaafuu, mala dubbii iddeessuutti fayyadamee jira.

FKN.14 -------------------------------------------

*Dirree bal'oo haroof bishaanii*

*Daawwitii gaarriifi bosonni*

*Keessatti of ilaalanii*

*Haadha gaarreen cancalaatoo teessumni miidhagee*

*Wal hidhaan tulloonni*

*Kuufama waa maraa qotan irraa kuufanii*

-------------------------------------------------*(fuula 65)*

Afee kana keessattis waloon wantoota lama bakka wal buusuun ibsee jira.Akka sarara lammaffaa irratti "*Daawwitii gaarriifi bosonni keessatti of ilaalanii*" jechuun ibsametti buufata kana keessatti Oromiyaafi daawwitiin bakka wal bu'anii jiru.Waloon waa'ee Oromiyaa ibsuuf akka isaaf mijatutti Oromiyaa daawwitii (ofilaallee) tti fakkeessuun ibse. Ibsa isaa kanaanis Oromiyaankantulluuwwaniifi bosonni baay'inaan keessatti argaman jechuun daawwitiitti yeroo fakkeessu kana, (Oromiyaafi daawwitii) wanta hanga walii hin geenyeefi wal hin madaalle kana mala dubbii bakkasaatti fayyadamuun bakka wal buusee jira. Kanaafuu, mala dubbii bakkasaatti dhimma ba'ee jira.

### 4.2.4. Arbeessuu

Arbeessuun mala dubbii amala wanti tokko qabu garmalee ol kaasuun yookaan gadibuusuun ibsuuf kan gargaarudha. Qaaccessi mala dubbii kanaa akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

FKN.15 ---------------------------------------

*Boonaa qaama dachii*

*Irraa fagoo waacni*

*Bareeda buqqeen cabbii*

*Ollaa ji'aaf samii*

*Guddaa miil'uuf tole*

*Mirqaansu laalanii*

*Abbaa mukeen danuu*

*Wal hidhuu cancalli*

---------------------------------*(fuula 43)*

Afee kana keessatti waloon kun mala dubbii arbeessuutti dhimma ba'ee jira. Buufata walaloo kana keessatti akka toora afraffaa irratti ibsametti *"Ollaa ji'aaf samii"* jechuun kan ibsame, ol dheerina gaarotaa ibsuu barbaadetu. Haa ta'u malee, akka waloon olka'insa gaaraa kana ibsuuf olla ji'aaf samii gochuun ibse osoo hin taane gaaronni dhedheroon inuma jiru.Amala kana waloon haalaan ol kaasuun gaarota kana olla ji'aafi samii gochuun mala dubbii arbeessuutti dhimma ba'uun ibsee jira.Kanaaf mala dubbii arbeessuutti fayyadamee jira.

FKN. 16 -------------------------------- -------

*Abdiisaa Aagaa Laggasaa Wagiifaa*

*Hin oolaniif malee utuu oolanitii*

*Silaa garaa maaliitiin dacheen liqimsitii?*

*Carraa uumaa tahee kan gaafa dhufanii*

*Gara-jabeettiin dhufnaan waama isaanii*

*Wareega godhanii qaalii lubbuu isaanii*

*Qalama dhiigaatiin seenaa katabanii*

*Qajeelan qaxaloonni harmeef jiraatanii!*

------------------------------------------*(fuula 67)*

Afeen armaan olii kunis akka sarara torbaffaa irratti “*Qalama dhiigaatiin seenaa katabanii*” jechuun ibsameen mala dubbii arbeessuutti dhimma ba’eera. Akka afee kana keessatti ibsametti gochaa gootonni kaleessaa raawwatanii darban ibsuuf kan waloon dhimma itti ba’e qalama dhiigaatiin seenaa katabani, yookaan barreessan kan jedhudha. Eeyyee dhuguma gootonni kunniin seenaa uummata oromoo keessatti warren jaallatamoofi beekamoo seenaa keessatti waan gaggaarii raawwachuun beekamanidha. Buufata kana keessatti garuu, waloon walaloon isaa kun akka xiyyeeffaa argatuuf akka waan gootonni kunniin dhugumaan qalama dhiigaan seenaa katabanii darbanii fakkeessuun mala dubbii arbeessuutti dhimma ba’uun gochaa isaanii kana ibseera. Kanaafuu, mala dubbii arbeessuutti fayyadameera.

FKN. 17 ---------------------------------------------

*Ormi kaayyoo kaateef qabdi*

*Dhukkee haatee biyyoo booratti*

*Nutimee dargaggoon*

*Haayyonnis gam-tokkoon*

*Obsa haa godhannuu*

*Obsa hin godhannu taanaan kaayyoon karaatti hafaa*

*Danqaaf xaxaa ormaan saakalamnee cabnaa*

*Baraan jabbii horuu koottaa walgorfannaa*

-------------------------------------------*(fuula 81)*

Afee kana keessattis waloon akkuma buufata kana keessatti sarara lammaffaa irratti ibsametti, "*Dhukkee haatee biyyoo booratti"* kan jedhu gochaa dhala namaan godhamu ibsuuf kan itti fayyadamedha. Adeemsa ibsa isaa kana keessatti gochaa ormi yookaan qaamni halagaa ta'e tokko raawwatu ibsuuf kan itti fayyadame yoo ta'u, garuu akka waloon ibse kanatti gochaan jarri godhan yoo muul'achuu baateyuu, waloon mala dubbii arbeessuutti gargaaramuun gochaa kana haalaan olkaasuun ibsee jira. Kanaaf mala dubbii arbeessuutti dhimma ba'ee jira.

FKN. 18 --------------------------------------

*Kabajamtuu haati siinqee*

*Oromtittiin deesse*

*Sesseeqxuu kaarruun balbalaa*

*Biliqqisee ilkeen kuraamalaa*

*Gammachiiftuu dhiyoofi halaalaa*

-----------------------------------*(fuula 93)*

Afee armaan olii kana keessatti akka sarara sadaffaa irratti "*Sesseeqxuu kaarruun balbalaa*" jechuun ibsametti waloon mala dubbii arbeessuu fayyadamuun kaarruu ilkaanii hanga isaa haalaan ol kaasuun hanga bal'ina balbalaan wal fakkeessee ibsee jira. Waloon kun kaarruu ilkaanii kanaaf xiyyeeffannoon akka haalaan kennamuuf hanga bal'ina isaa daraan ol kaasuun kan bal'ina balbalaan wal fakkeesse. Kanaafuu, mala dubbii arbeessuutti dhimma ba'ameera.

FKN. 19 ------------------------------------

*Gaara shiraaf gungumu*

*Ililchootti waamtee*

*Sumaa bitintiruu*

*Maddii maddii kaattee*

*Ifa guyyaa saafaa*

*Biiftuun buqqee baksitu*

*An ijaan si argee*

*Galaana abjuu keessa*

*Otoo of dhoskituu*

-------------------------------*(fuula 99)*

Afee armaan olii kana keessattis malli dubbii arbeessuu hojiira oolee jira. Akka sarara jahaffaa irratti "*Biiftuun buqqee baksitu"* jechuun ibsametti waloon kun hoo'a biiftuu haalaan ol kaasuun hanga isheen buqqee baksuu dandeessutti ol guddisuun ibsee jira. Hoo'i biiftuu hagam cimaa ta'ullee, kan buqqeebaksu hin ta'u. garuu waloon kun buufata walaloo keessatti mala dubbii arbeessuutti gargaaramuun halaa kanaan ibsee jira.

FKN. 20 --------------------------------------

*Ormaaf meeshaa tahuu*

*Haa dhiifnu haa gahu*

*Kan diinni hidheetoo*

*Ittiin nu gaadi'u*

-----------------------*(fuula 100*)

Akka buufata walaloo kana keessatti sarara sadaffaa irratti *"kan diinni hidheetoo ittiin nu gaadi'u"* jechuun ibsametti waloon mala dubbii arbeessuutti fayyadamuun gochaa diinaa kana haalaan ol kaasuun akka waan diinni akka loowwaniitti gaadi'utti fakkeessee ibsee jira. Gochaan diinaa hammaataa ta'ullee, gochaan gaadi'uu garuu saawwaniif keessumaa immoo sa'a elmamuu diddu miila duubaa ishee lamaan walitti hidhuun ilmachuuf kan itti fayyadamanidha. Waloon garuu gochaa diinaa kana haala kanaan walfakkeessee ibsee jira. Kanaafuu, waloon kun haala kanaan buufata kana keessatti mala dubbii arbeessuutti fayyadamee jira.

### 4.2.5. Mitihee

Gosti mala dubbii kanaa yaada lama of keessaa qaba.Innis yaada "Eeyyee" jedhuufi "Miti" jedhamu of keessatti qabata. Kana jechuun yaada dubbii sanaa "…..miti" yookiin "…..eeyyee" jennee kan xummurru osoo hin taane, deebii lamaanuu keessaa tokko filachuuf akka rakkannu nu taasisa. Kanumarraa ka'uun walaloo "QARQABA" keessatti malli dubbii gosa kanaa fakkeenya waliin haala armaan gadii kanaan qaacceffamee jira.

FKN. 21 --------------------------------

*Utuu akka uumaa*

*Uumama ganamaa*

*Afaanii wal fuudhaa*

*Nyaanniyyuu nyaatamaa*

*Yaada garaa walii*

*Waliif hasaasanii*

*Gaddaaf gadoo isaanii*

*Kan walii furanii*

------------------------*(fuula 15)*

Afee armaan olii kana keessatti akka ibsametti mala dubbii mitihee (sobdhugaatti) dhimma ba'ameera. Buufata walaloo kana sarara sadaffaa irratti " *Afaanii wal fuudhaa nyaanniyyuu nyaatamaa*" jechuun kan ibsame yaadota lama kana mala dhugummaafi amala sobaa ofkeessaa qabantu muul'ata. Akka toora kana irratti ibsametti wanti dhugaa fakkaatu waljaalachuu, waliif yaaduu, waan qaban waliif qooduun waanuma godhamudha; Qabatamaanis nita'a.Tooruma kana irratti wanti soba ta'uufi nii ta'a jedhanii fudhachuuf namatti ulfaatu immoo, nyaata afaanii wal fuudhanii nyaachudha.hammam wal jaalatanillee nyaata afanii wal fuudhanii nyaachuun waan ta'u hin fakkaatu.Kanarra ka'uun buufata walaloo kana keessatti yaadota lama kanneen altokkotti dhugaas, sabas fakkatan nii agarra. Kanaafuu, mala dubbii kanatti waloon kun itti fayyadameera.

FKN. 22 -----------------------------

*Qomoon wal unkuree*

*Gabaa hin malle geessee*

*Baasee wal gurgure*

*Hirkoo waliif ta'uuf*

*Wal tumsuu wallaalee*

*Ulaa walii cufee*

*Diinaaf karra bane*

*Dhiigni hidda tokkoo*

*Deebi'ee wal gane!!!*

------------------------------(*fu*ula 16)

Afee armaan olii kana keessattis waloon mala dubbii mitiheetti fayyadamee jira. Akka sarara Lammaffaa irratti *"Gabaa hin malle geessee; baasee walgurgure"* jechuun akka ibsametti yaadota lama kan karaa tokko dhugaa fakkaatu, kan karaa biraa immoo soba ta'e, ofkeessatti haammate agarra. Yaadonni kunneenis qomoon hamaa walitti yaaduun, wal miidhuun, alagaaf dabarsee wal laachuun, waanuma jiruufi muul'atudha.Karaa biraan immoo, yaanni qomoon gabaa baasee wal gurgure jedhu yaada dhugaa irraa fagaateefi amanuuf ulfaatudha. Haala kanaan waloon kun mala dubbii kana gargaaramuun wantoota kana walqabsiisee ibsee jira. Kanaafuu, mala dubbii mitiheetti fayyadamee jira.

FKN. 23 ------------------------------

*Dabaan qajeelfamtee*

*Hin gurraacha'iin maqaadha*

*Kabajas hin dhabiin*

*Sussuktee garaadha*

*Lakkii dhiisii sobduu*

*Soba sobdu kana*

------------------------*(fuula 28)*

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun mala dubbii mitiheetti fayyadamee jira. Afee kana keessatti sarara lammaffaa irratti *"hin gurraacha'iin maqaadha"*yaada jedhu yoo fudhanne, yaadota lama kanneen altokkotti amala dhugaafi dharaa of keessaa qaban agarra. Yaadonni kunniinis: namni tokko waan badaa, hawaasa biratti fudhatama hin qabne yoo hojjete maqaan isaa niixuraa'a. kun immoo maqaan gurraacha'uu ta'uu danda'a. gama biraan immoo maqaan gurraacha'uu kan jedhu wanta hin ta'a jedhamee hin yaadamnedha. Namni tokko waan fedhe yoo dalagellee, waan fedheen yoo waamamellee dhuguumaan maqaan inni ittiin waamamu sun kan gurraacha'u miti. Yaada kana irraa wanti hubannu immoo karaa tokkoon yaanni kun wanta dhara ta'e of keessaa qabaachuudha. Haala kanaan buufata walaloo kana keessatti malli dubbii mitihee hojiirra ooleera.

FKN. 24 ------------------------------

*Abdaarii keetti kolaafamee maseenee kumaatamnii*

*Lafeensanii burkutaahee laasheffamee seelonnii*

*Ati safuu hin beektuu dhalaa dhalchii*

*Si yaa abaaruu*

*Dhala namaa affeeltaa mulluu gootee*

*Homtuu si mararuu*

*U'urtee madeessitee*

*Kukkuttee madeessitee*

*Ittiin soortetta bulguu*

----------------------------*(fuula 49-50)*

Buufata walaloo armaan olii kana keessatti akka toora shanaffaa irratti "*Dhala namaa affeeltaa mulluu gootee"* jechuun ibsametti afee kana keessatti malli dubbii sobdhugaan hojiirra ooleera. Toora filatame kana irratti yaadota altokkotti dhugaa yookiin soba jechuun nama rakkisu ni agarra. Buufatni walaloo kun mata duree waa'ee mana sirreessaa Qallitti himu keessaa filatame.

Manni sirreessaa kun dhaloota miidhaa turuun isaa dhugaadha. Namoonni hedduunis akka achitti meedhamaa turan nii beekama.Kun wanta dhugaa ta'eefi muul'atudha. Karaa biraan immoo, dhala namaa akka mulluutti affeelta yaanni jedhu dhugaa nama shakkisiisu qaba. Waloon kun walaloon isaa akka xiyyeeffannaa argatuu jecha kanatti haagargaaramu malee dhugummaan isaa shakkii niiqabaata. Kanaafuu afee kana keessatti waloon kun haala kanaan wanta altokkotti dhugaa yookaan soba jechuun nama dhibbisu waan fayyadameef mala dubbii mitiheetti gargaaramee jira.

### 4.2.6. Tuqsee

Tuqseen (tuqxuu seenaa) waan tokko, bakka wayii maqaa dhahuun namas ta'ee, waan biro seenaa darbe waliin walitti hidhuun dhiyeessuuf kan gargaarudha. Malli dubbii kunis kitaaba kuusaa walaloo "QARQABA" keessatti haala asii gadii kanaan qaacceffamee jira.

FKN. 25 -----------------------------------------

*Ta'i akka Agarii Tulluu*

*Qaxalee tooftaa beeku*

*Akka Adam  Saaddoo*

*Goota icciitii eeguu*

-----------------------------*(fuula 14)*

Afee armaan olii kana keessatti mala dubbii tuqsee niagarra. Buufata walaloo kana keessatti waloon kun seenaa gootota lamaan maqaan isaanii heeraman kanaan raawwatame nu yaadachiisuun ergaa dabarsee jira. Akkuma beekamu Agariin goota salaalee diina tooftaa addaddaan miliquufi gohomsuun beekamudha. Akka seenaan ibsutti Agariin meeshaan( rasaasni) akka isa hinrukunnetti diina isaatti himaa ture jedhama.kanaaf qaxalee tooftaa beeku jedhama. Akkasumas immoo gootni Adam Saaddoo akka seenaa keessatti maqaan isaa ka'utti hayyuu diina jalaa icciiti uummata isaa xalayaa fuula shanii alanfatee liquumsuun dhoskeedha. Kanaafuu, buufanni walaloo kanaa seenaa gootonni kun hojjetan waan nu yaadachiisuuf mala dubbii tuqseetti dhimma ba'eera.

FKN. 26 --------------------------------------

*Onneenkee sabaaf haa dhukkubuu*

*Garaan kee si hin dagiin*

*Akka Goobanaa Daachee*

*Kan galgalli kophaadha muguu*

*Akka Taaddee Birruu san sis*

*Eenyummaan kee si haa quuqu*

----------------------------------------(fuula *14)*

Afee armaan olii kana keessatti wantoonni seenaa yeroo darbee nu yaadachiisan wantoonni lama tuqamanii jiru. Isaanis namni Goobanaa Daaccee jedhamu seenaa uummata Oromoo keessatti wanta inni diina waliin waliigaluun uummata oromoo sirna nafxanyaa jalatti kuffise kan seenaa keessatti beekamudha. Akkasumas immoo seenaa Oromoo keessatti goonni Taaddasaa Birruun yeroo itti mootii biyya bulchaa tureen uummanni Oromoo akka hin baranne jedhamee itti himamutti, inni immoo eenyummaan isaa itti dhaga'amuun sirnicha faallaa dhaabbachuun hanga lubbuu isaa aarsaa godhutti goota falmaa turedha. Haala kanaan buufatni walaloo kun ta'iiwwan gurguddaa seenaa keessatti namaoota kanaan raawwatame nu yaadachiisu. Kanaafuu buufata kana keessatti malli dubbii tuqseen hojiirra oolee jira.

FKN. 27--------------------------------------

*Waa'ee bara tokkoo yemmuun yaadu taa'ee*

*Yaadaan naa muul'ataa dhummaan oggasii*

*Maddi dhala namaayyuu Ardittii tahuu ishii*

*Teessuma urjiileefi Addeessaa ilaaluun*

*Daqiiqaaf sekoondii sa'aa addaan qooduun*

*Kan irra gahamee guyyootaaf moggaasni maqaalee*

*Barri qorannaan Hawwaas itti eegalee*

----------------------------------------*(fuula 45)*

Afee olii kana keessatti wantoonni seenaa keessatti waan darbe nu yaadachiisan wantoonnii garaagaraa ka'aniiru. Isaan keessaa waa'ee qaroomaa (kalaqa) uummata Oromoon kan wal

qabatu waa’ee dhaha uummata Oromoo nii agarra. Uummanni oromoo kalaandarii mataa isaa kan qabu yoo ta’u, lakkoofsa baraa kan mataa isaa kanas immoo urjiilee lakkaa’uufi ji’a ilaaluun kan murteeffatedha. Kanarraatti dabalataan immoo uummanni Oromoo moggaasa maqaa guyyoota kan mataa isaa akka qabuufi moggaasa kanas immoo akka seenaan jedhutti haaluma dhaha isaa kanaan wal qabsiisee akka moggaafatedha. Egaa haala kanaan buufanni walaloo kun wantoota kana kaasuun seenaa keessatti waan ta’ee darbe tuquun nu yaadachiisa. Kanaafuu malli dubbii tuqsee hojiirra ooleera.

FKN. 28 -------------------------------------

*Qaallittii dhageessaa owwaattaa najalaa?*

*Qacamsituu kichuu yaa qorqituu nana*

*Bani galmee seenaa tokkoof lama hin qabuu*

*Waamnaan miliyoonaa kanan an siin dhabuu*

*Siif akeerri tolee lammii koo dhudha’uu*

---------------------------------------------*(fuula 48)*

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun mala dubbii tuqseetti dhimma ba’uun wanta guddaa seenaa uummata Oromoo keessatti ta’e tokko nu yaadachiisa. Wanti inni nu yaadachiisu kunis akkuma beekamu uummata Oromoos dabalatee saboonni uummata biyya kanaa yeroo gaaffii mirgaa gaafachaa turanitti dhiibbaa siyaasaan mana sirreessaa Qaallittiitti hidhamaa turani.Mana sirreessaa kana keessatti adabbii seeraa qofa osoo hin taane yakkoonni mirgoota namoomaan wal qabatan kanneen akka reebamuu, kolaafamuu, elektiriikiin qabamuufi ajjeefamuu fa’aa akka raawwataa turan nii beekama. Egaa kanarraa ka’uun waloon kun buufata walaloo kana keessatti akkaataa manni sirreessaa kun dhaloota itti miidhaa ture, namoonni hedduun akka achitti gidirfamaa turan mala dubbii tuqseetti gargaaramuun nu yaadachiisa. Kanaaf mala dubbii tuqseetti dhimma ba’eera.

FKN. 29 ---------------------------------------------

*Qe’ee ilmaan kush*

*Kan Booranaa Baarentummaa*

*Badhaasa kennaa rabbi*

*Rabbi kennee uumamaa*

----------------------------------*(fuula 64-65)*

Afee armaan olii kana keessattis waloon kun wanta seenaadhaan walqabatu waan tokko kaasee jira. Wanti inni kaase kunis uummanni Oromoo dameedhaan kush ta'uu isaa erga tuqeen booda, uummanni Oromoo dameewwan booranaafi baarentuu akka qabus niihima. Kanaafuu, buufanni walaloo kun wantoota kana seenaa keessaa as fiduun nu yaadachiisa. Haala kanaan buufata kana keessatti waloon kun mala dubbii tuqseetti dhimma ba'eera.

FKN. 30 ----------------------------------------------------------------

*Durummaan kee daangaa hin qabuu baraan killa dhiqattaa*

*Harki kees qallatee hin beekuu jiidha nyaatteet jiidha dibattaa*

*Masaraa mootii haqaatu ardaa kee jiraa*

*Qananii abdii burquutu burqaansaa si biraa*

----------------------------------------------*(fuula 69)*

Buufata walaloo kana keessatti wanti akka seenaa waan tokkoo himuu irratti xiyyeeffatu akka sarara tokkoffaa irratti "*Durummaan kee daangaa hin qabuu baraan killa dhiqattaa*" jechuun ibsametti waa'ee killaa dhiqachuu (lixuu) nu yaadachiisa.Seenaa uummata Oromoo keessatti killa dhiqachuun mallattoo durummaa isa sadarkaa olaanaa irra ga'uudha. Killa dhiqachuun yookaan lixuun kan danda'amu yoo namni tokko qabeenya looniin duroomee si'a tokkotti saawwan dhibba tokko elmatedha. Namni tokko yeroo tokkotti yoo saawwan dhibba elmate sirna killa lixuu kana raawwata. Adeemsumti kun immoo, naannoo biraatti garaacha uffates nii jedhama. Killaa lixuun kan raawwatu, bool'a hanga hojjaa namaa liqumsuu danda'utti gadi qotuun aannan erga itti guutanii boodaa abbaan qabeenyaa sun bool'icha aannanii guuttame sana keessa lixa; kanatu killa lixuu jedhama. Egaa haala kanaan waa'ee killa lixuu seenaa keessaa as fiduun waan nu yaadachiisuuf buufanni walaloo kun mala dubbii tuqsee of keessaa qaba.

### 4.2.7. Atee

Ateen waan nu bira hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti ofitti dhiyeessinee waliin dubbachuun, gaaffii gaafachuufi waliin haasa'uu kan ofkeessaa qabudha. Kana malees wanta tokko kan nu waliin dubbachuu hin dandeenye, waan akka lagaa, gaaraa, dacheefi kkf fa'aatti haasa'uun waliin dubbii taasisuufaa of keessaa qaba. Walaloo "QARQABA" keessatti haala kamiin akka malli dubbii kun dhiyaate qaaccessa itti aanuu kanaan haa ilaallu.

FKN. 31 -------------------------------------------

*Qaallittii dhageessaa owwaattaa na jalaa?*

*Qacamsituu kichuu yaa qorqituu nana*

*Bani galmee seenaa tokkoof lama hin qabuu*

*Waamnaan miiliyoonaa kanan siin dhabuu*

*Siif akeerri tolee lammiikoo dhudha'uu*

--------------------------------------------------*(fuula 48)*

Afee kana keessatti waloon kun mana sirreessaa Qaallittii waliin haasa'a. Qaallittiin akka waan dubbii isaa dhaga'uun deebii laatuufitti itti dubbata. Qaallittiin bakkadha; uumama dubbachuu hin dandeenyedha. Garuu waluun kun akka waan Qaallittiin isa bira jiraachuun yaada isaa hubatuutti itti dubbata. Malli dubbii amala waan akkasii ibsuu immoo mala dubbii ate (hinjirree dubbisuu) (jedhiyaadi) dha. Kanaafuu waloon kun buufata walaloo filatamee kana keessatti mala dubbii ateetti dhimma ba'eera.

FKN. 32 ---------------------------------------

*Mee yaa ayyaana abbaakoo koo*

*Kee yoo naaf tole hin beeku*

*Barii lafaan dharra'ee*

*Siifoo maal wareeguu?*

-------------------------------*( fuula 13)*

Buufata walaloo kana keessattis waloon kun wanta hinjirre, muul’achuufi dubbachuu hin dandeenye “ayyaana abbaa” isaa waliin haasa’a. Qaamni yookaan wanti inni waliin dubbachaa jiru kan dubbiisaa dhaggeeffachuun deebii laatuuf miti. Karaa biraa immoo “ayyaanni abbaa” isaa wanta miireffachuun dubbii isaa hubatu miti.Kanaaf immoo malli dubbii fayyadu mala dubbii ateedha. Kanaafuu, buufanni kun mala dubbii atee ofkeessaa qaba.

FKN. 33 -------------------------------------------

*Ani bareechuu kee hin jibbine*

*Nayyuu si bareechee*

*Fokkuukoo naaf dhoksee*

*Dhaabbi koo si miidhaksee*

-----------------------------------( fuula 33)

Afee armaan olii kana keessattis malli dubbii atee hojiirra oolee jira.Waloon buufata kana keessaatti Huccuu waliin dubbata. Huccuun immoo mi’a dubbachuufi haasaa nama waliin gochuu hin dandeenyedha; waloon immoo akka waan inni galata isaa kana Huchuun irraa fudhatutti waliin dubbachaa jira. Kanaafuu malli dubbii ate hojiirra oolee jira.

FKN. 34 -----------------------------------

*Yaa Lukkuu kukkuluu kee hin dhaqiin*

*Atis yaa Weennii dhiisi hin korrisiin*

*Bara baay’een wacakee dhaggeeffadhee*

---------------------------------------( fuula 13)

Buufata walaloo kana keessatti wanti waloon kun mala dubbii ateetti fayyadamuu isaa nuuf muul’isu akkuma buufataalee biro armaan olii keessatti ilaalletti; waliin dubbii inni lubbu qabeeyii akka Lukuufi Weennii waliin taasisudha. Lubbu qabeeyyiin kunniin kanneen dubbii isaa kanaaf deebii deebisuufii hin dandeenyedha. Kanaaf mala dubbii ate fayyadamuun isaan waliimn haasaa godhee jira.

### 4.2.8. Mallatoo

Mallattoon mala dubbii wanta ibsamu tokko mallattoolee garaagaraa fayyadamuun ergaa yaadichaa gabbisuuf kan dandeessisudha. Mallattooleen kunniin fakkoommiiwwan yaada hedduu bakka bu'anii dhiyaatan ta'anii, sadarkaa garaagaraatti akkasumas aadaa saba garaagaraa keessatti kanneen muul'atanidha. Fakkeenyaaf mallattooleen sadarkaa Addunyaatti beekaman kan akka: mallattoo Gugee, Alaabaa adii yookiin diimaa, mallattoo Baatii yookaan Urjii, Fannoofi kkf fa'a. Karaa biraan immoo, mallattoleen sadarkaa biyya tokkotti beekamanis niijiru. Fakkeenyaaf Alaabaa biyya sanaa, siidaawwan biyya sana keessatti argamaniifi kkf fa'aa ta'uu danda'u. Dabalataanis mallattooleen aadaa saba tokkoo keessatti muul'atanis nii jiru. Fakkeenyaaf saba Oromoo biratti Odaa, Siinqee, Gaachanaafi akkaataa isaan haalluwwaniif hiika itti kennan fa'aa kaasuu nii dandeenya.

Egaa waa'ee hiikaa mallattoo hamma kana erga jennee, itti aansuun immoo kitaaba walaloo "QARQABA" keessatti malli dubbii kun haala kamiin akka dhiyaatefi qaaccessa isaa immoo haa ilaallu.

FKN. 35 ------------------------------------

*Ana dhala isheetiif iddoo addaa qabdii*

*Aduu na waxaluuf gaaddisa Odaatii*

*Rakkoo na mudatuuf dawoo Gaachanaati*

*Ayyoo jechuun dhiiroo gaarii dacheerraati*

------------------------------------------------(fuula 37-38)

Afee armaan olii kana keessatti waloon kun mallattoowwan sadarkaa sabaatti, keessumaa saba Oromoo biratti beekamaniin haadha isaa ibsee jira. Odaa akka haadhaatti akkasumas immoo, Gaachana akka haadhaatti ibse.Mallattoolee kanneenitti haadha isaa fakkeesse.Kanaafuu, mala dubbiitti dhimma ba'eera jechuu dandeenya.

FKN. 36 -----------------------------------------

*Lubbuu itti horee abdii goguuf jirtu*

*Kan afaan si kaahe oolchee boolla buutu*

*Gaachana sii tahee dukkana si nyaatu*

*Dahoo sii mijeessee iddoo itti dhokattu*

------------------------------------------(fuula 20)

Buufata walaloo kana keessattis waloon mala dubbii mallattootti dhimma ba'ee jira. Sarara jalqabaa irratti "*Lubbuu itti horee*" kan jedhuufi dahoo ta'uu, gaachana ta'uun hojii waaqaati. Jechoota kanatti fayyadamuun waloon kun ergaa isaa dabarsee jira. Jechoonni kun immoo akka mallattoo waaqayyootti tajaajilanii jiru.kanaafuu malli dubbii mallattoo hojiirra oolee jira.

FKN. 37 ----------------------------------------

*Ergan dagadhee*

*Xiinxaluu fageessee*

*Sammuu yaadu doomsee*

*Ofummaan of joorsee*

*Eenyummaa koos gatee*

*Kakuu sabaas nyaadhee*

--------------------------(fuula 21)

Buufata walaloo kana keessattis wanti mala dubbii mallattoo nuuf ibsu nimuul'ata. Innis jechoonni akka "fageessanii xiinxaluu dhiisuu, sammuu yaadu doomsuu, eenummaa ofii dagachuu fi kakuu sabaa nyaachuu" kan isaan ibsan nama gocha kana raawwatu (nama saba isaa gane, nama ofittoo) ta'e tokkodha. Walumaa galatti waloon kun jechoota kana fayyadamuun mallattoo nama miidhaa saba isaa irraan ga'ee tokkoo sammuu keessatti nu uumeera. Kanaafuu mala dubbii mallattootti haala kanaan dhimma ba'ee jira.

FKN. 38 -----------------------------------------------------

*Biyya ofii jaalannaan roorrooshee balaaleffatu*

*Weerartuu qolanii mirgashee kabachiisu*

*Lolanii faccisanii injifannoo galmeessu*

*Tumanii amansiisanii nyaapha harka laachisu*

*Birmadummaa ofii labasanii diina saggoo cabsu*

---------------------------------------------------------(fuula 58)

Buufata walaloo kana keessattis mala dubbii mallattoo wanti nuuf ibsu nii muul'ata. Innis gochoota buufata kana keessatti tarreeffaman kanneen akka "*roorroo balaaleffachuu, weerartuu qoluu, nyaapha harka laachisuu, birmadummaa labsuufi diina saggoo cabsuu*" kan raawwatu nama biyya isaaf lolu, Qeerroo haqaaf falmatudhu. Kanaafuu jechoonni kunniin mallattoo gootootaati, qeerroo bakka bu'u. Kanaaf buufata walaloo kana keessatti malli dubbii hojiirra oolee jira.

FKNN. 39 ------------------------------------------

*Carraa uumaa ta'ee kan gaafa dhufanii*

*Gara- jabeettiin dhufnaan waama isaanii*

*Wareega godhanii qaalii lubbuu isaanii*

*Qalama dhiigaatiin seenaa katabanii*

*Qajeelan qaxaloonni harmeef jiraatan*!!!

--------------------------------------------( fuula 67)

Buufata walaloo kana keessatti akka sarara dhumaa irratti "harmeef jiraatan" jechuun ibsametti waloon kun Oromiyaa haadhatti fakkeessuun ibsee jira. Mallattoon biyyaa yeroo hedduu haadhaan bakka bu'ama. Kanumarraa ka'uun walooon kun Oromiyaa mallattoo haadhaatti fakkeessee ibsee jira. Kanaafuu malli dubbii mallattoo afee kana keessatti hojiirra oolee jira.

FKN. 40 --------------------------------------------

*Dahoo jaraa cabsii*

*Taakkoosaas buqqisi*

*Koottumee na dhaqqabi*

*Dukkanaa na baasi*

*Ifa dhuma hin qabne*

*Dachee harmeef ibsi*

---------------------------------(fuula 74)

Akkuma buufata darbe keessatti ilaalletti, buufata kana keessattis dhuma afee kanaa irratti akka "*Dachee harmeef ibsi"* jechuun ibsametti waloon kun mallattoo haadhaa kan taate biyya Oromiyaa ibsuuf jecha harmee jedhutti dhimma ba'ee jira.kanaafuu buufata kana keessattis malli dubbii mallattoo nii muul'ata.

FKN.41 ------------------------------------------

*Booressee guutee dambaliisee*

*Gungumee kakakiin sodaachisee*

*Taliila fedhus yandoo buusee*

*Bo'oo lafaa guutee baqaqaa cuqqaalee*

----------------------------------------------(fuula 102)

Buufata walaloo kana keessattis malli dubbii mallattoo hojiirra oolee jira. Innis akka walaloo kana keessatti jechoonni kunniin ibsanitti gochoota tarreeffaman kana raawwachuu kan danda'u waaqayyodha. Kanaafuu gaaleewwan kunniin jecha 'Waaqayyo' jedhu bakka bu'uun ibsuuf yookaan agarsiisuuf waloo kanaan dhimma kan bahamanidha jechuudha. Ibsoonni kunniin jecha 'Waaqa' jedhu bakka bu'u jechuudha.Kanaafuu buufata walaloo kana keessatti malli dubbii mallattoo hojiirra ooleera.

Haaluma kanaan malleen dubbii armaan olitti qaaccessi isaanii taasifame kitaaba walaloo kana keessatti kan argaman yoo ta'an malli dubbii Tuqseen immoo kitaaba walaloo kana keessatti hin argamu.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Boqonnaawwan waraqaa qorannoo kanaa darban irraa hubachuun akkuma dandaa'amu, qorannoon kun mata duree "Qaaccessa Malleen Dubbii Kitaaba Walaloo Qarqaba" jedhu irratti kan hojjetamedha. Boqonnaalee shanitti qoqqoodamuun kan dhiyaate yemmuu ta'u, Waraqaan qorannoo kun akka kaayyootti yaadonni ijoon irratti xiyyeeffate gosoota malleen dubbii kitaaba walaloo kana keessatti argaman saddet irratti kan qaacceffame yemmuu ta'u, isaanis: Akkasaa, Bakkasaa, Nameessuu, Arbeessuu, Sobdhugaa, Atee, Tuqseefi Mallattoodha.

Gosti malleen dubbii kunis ga'ee isaan kitaaba walaloo kanaa keessatti qaban wantoonni walaloo kana keessatti ibsaman  akkaataa namootaaf galuu danda'uufi wanta jedhameen alatti erga biro kitaaba walaloo kana keessa jiru dubbistoonni kitaaba kanaa akka hubataniif waraqaa qorannoo gumaacha godhedha. Kaayyoowwan  qorannoon kun qabatee ka'e galmaan ga'uufis kitaabni

walaloo qorannoon kun irratti xiyyeeffatuu haala gaariifi gadi fageenyaan dubbifamuun gosa mala dubbii inni of keessaa qabuufi ergaa inni dabarsuu hubatamuuf yaalameera.

Gosoota malleen dubbii kitaaba walaloo kana keessatti argaman saddettanuu tarreessuun tokkoon tokkoon isaaniitiif fakkeenya fudhachuun qaaccessi godhameera.

Akkasumas,waraqaan qorannookun ragaalee quubsaa ta’an kanneen mata-duree qorannoo kanaa waliin walqabatan, kanneen maalummaafi gosoota malleen dubbii ibsan irratti kitaabonni garaagaraa sakatta’amanii argamaniiru.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon kun kaayyoowwan qabatee ka'e qaba. Kaayyoowwan qorannoo kanaa malleen dubbii kitaaba walaloo "QARQABA" keessatti argaman addaan baasuun ibsuufi faayidaa isaan kitaaba kana keessatti kennan qaaccesuudha. Haaluma kanaan walqabatee argannoowwan armaan gadii kunneen argamaniiru.

**1**).Waloon Kitaaba walaloo kana keessatti malleen dubbii addaddaatti dhimma ba'eera. Malleen dubbii kunneenis, nameessuu, iddeessuu, akkasaa, sobdhugaa, arbeessuu, atee, tuqseefi

mallattoo yoo ta'an malli dubbii waloon kitaaba walaloo kana keessatti dhimma itti hin baane agiboo yookaan habalaka isa jedhamudha.

**2**). Gahee malli dubbii ergaa walaloo kana keessatti qabu ilaalchisee, malli dubbii fayyadamaafaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisu ta'uun isaa irra gahameera.

**3**). Gosti mala dubbii kitaaba walaloo kana keessatti hin argamne, mala dubbii Agiboo ta'uu isaa irra ga'ameera.

## 5.3. Yaboo

Walaloon quuqqaa, seenaafi waan hawaasni hin hubanne hubachiisuu keessatti gahee olaanaa gosa ogbarruu qabudha. Qorannoon kun immoo kitaaba walaloo kana keessattin malleen dubbbii waloon dhimma itti ba'uun ergaa isaa dabarfate qaaccessuu qofa irratti xiyyeeffata. Malleen dubbii immoo qaamolee walaloo tokko ijaaran keessaa warra filannoo jechaa waloon fayyadamu jalatti ramadamanidha. Malleen dubbii kanneenitti dhimma ba'uun waloo immoo walaloon kun ergaafi yaada bal'aa akka qabaatu godheera. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti kitaaba walaloo kana irratti qaacceessa malleen dubbii qofatu godhame waan ta'eef:

Gama itti fayyadama afaaniin, ergaa isaan, haala dhiyeenyaisaan, akkaataa ijaarsa isaafi dogongora qubeessuu isaa ilaaluun qorannoon biraa osoo godhamee gaarii ta'a.

## Wabiilee


Ahmad Mohammad. (2012). *“Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo “A’aa!”*. Digirii Jalqabaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Kan Dhiyaate. (kan hinmaxxanfamne).

Berhanu Mathews. (1999). *Fundamental of Literature*: Addis Ababa University. (Unpublished).

………………….. (2009). *Fundamental of Literature*: Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Dinqee Galataa. (2019). *“Xiinxala Sadoommii Asoosama Dheeraa Arraa Gurbaa.”* Digirii Jalqabaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf Kan Dhiyaate. (kan hinmaxxanfamne).

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). *Subii: Bu‟uuraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Subi Printing Press.

..……………….........(2017).*Bu’uraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Ilsaaba Printing Press.

Harry Shaw. (1905). *Dictionary Of Literary Terms*. New York : Mc Graw Hill Book Compan.

Ibsaa Adduunyaa. (2018). *“Xiinxala malleen dubbii ogwalaoo Anaani’a keessatti”* Digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne).

Irranaa Gammachuu. (2016). *QARQABA.* Finfinnee: Oromiyaa.

Isaaq Bariisoo.( 2003). “*Sakatta’a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubefi Kumee Kumaatamaa*”. Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne)

Misgaanuu,Fiqaaduufi Kaawwan,(2012).*Bu’uuraalee ogbarruu.(Afol 231).*Yunivarsiitii AmbooBarnoota gannaaf dhihaaatee (kan hin maxxanfamne).

**Waraqaa mirkaneeffaannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuuniivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaan dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nin mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa______________________________**

Mallattoo ____________________________

Guyyaa _____________________________

**Maqaa Gorsaa ________________________________**

Mallattoo_____________________________

Guyyaa ______________________________